



Sochii Dargaggoota Biyyoolessaa,
Bilisummaa fi Dimokraasiif(SDBBD)

National Youth Movement for
Freedom and Democracy (NYMFD)

Qeerroon Bilisummaa Oromoo qabsoo FDG mootummaa abbaa irree irratti gaggeessaa jiru jabeessuuf haala yeroo irratti hunadaa'un ibsa qabxii 10 of jalaa qabu dabarse!!

Adoolessa 29,2014

Qeerroon Bilisummaa Oromoo dhaabbilee barnoota Olaano walitti dhufuun haala yeroo irratti marii bal'aa gochuun rakkoo abbootiin irree uummata Oromoo irraan ga'aa jiranii fi turan ibsuun sirna EPRDF/TPLF/OPDO burkutaa'ee kufuuf jiru aangoo irra qarisuuf qabsoo FDG jabeessuun furmaata ta'uu irratti walii galuun ibsa qabxii 10 baafachuun ilmaan Oromoo hundaaf waamicha gochuun marii haala yeroo irratti gaggeeffatne milkiin xummurachuu keenya ibsina.

Uummanni Oromoo qe'ee fi qabeenya isaa irratti kabaja namummaa fi abbummaa dhabuun mirga namoomaa fi dimookiraasii mootummaa abbaa irree Wayyaaneen (TPLF/EPRDF/ eega mulqamee waggaa 23faa lakaawwachaa jira. Qe'ee fi lafa isaa irratti itti dhukaafamee guyyaa saafaa ajjeefamaa jira. Qe'ee fi lafa gabbataa akaakilee fi abaabilee keenyaan eegamee as ga'e maqaa investmentii fi liiziin alagaa fi abbootii qabeenyaa aangoo mootummaa ta'aniin afaan qawween dirqamanaii irraa buqqifamaa jiru. Qabeenyi tajaajila hawaasaaf kennan akka Hospitaalaa, Warshaalee gurguddoo, lafa albuuda qabuu fi kkf irratti gurguramaniiru.

Beektotni fi abbootiin qabeenya Oromoo Oromiyaa irratti Carraa investmentii fi hojii misooma garaagaraa dhorkatamuun biyya irra arii'atamaniiru. Beektotni hayyootni Oromoo ani Oromoodha mirgi Oromoo kabajamuu qaba, roorroo fi hakuuccaan Oromoo irratti gaggeeffamaa jiru dhaabbachuu qaba jedhanii waan dubbatan qofaaf hoomaan waraanaa itti bobbaafamee kumootan kanneen lakka'aman rasaasan ajjeefamaniru, kumoota dhibbootan kanneen lakka'aman immoo mana hidhatti guuramuun dararaa ilma namaaf hin malleef saaxilamaniiru, hidhaa keessattis ajjeefamaniiru. Mirgi barachuu irra kaafamee barattootni Oromoo hedduun barnoota irraa dhorkamaniiru. Qoqqobbiin siyaasaa uummata Oromoo irra kaa'amee Oromoon akka baa'ina uummata isaa, Qabeenyaa isaa fi bal'ina lafa isaatti qoodannaa aangoo, dinagdee, hawwaasummaa, Afaanii fi aadaa illee akka carraa hin arganneef ukkamsaan siyaasaa abbaa irree uummata keenya irra kaa'ame jira.

Keessattuu gama Siyaasaan moottummaan EPRDF/TPLF kun dhaaba maxxannee isaa OPDO jedhamtu maqaa uummata Oromootiin booji'amtoota dargii duraanii kanneen afaan Oromoo dubbachuu danda'an qofa irra walitti qabee hundeesse Oromiyaa irra kaa'uun ulee cimaa ittin uummata Oromoo reebu godhatee mirga Oromoo cabsuu danda'e, Oromoo kabaja dhorkate. Uummata Oromoo dadhabsiisuuf saboota ollaa Oromiyaa ta'an garii meeshaalee gurguddaa hidhachiisuun gama tokko dhaabbatee uummata Oromoo dhiiga dhangalaasuun lubbuun hedduun badeera.

Haaluma walfakkaatuun bara 2014 kanattis sochii saammicha qabeenya Oromoo, Addaa fi Afaan Oromoo laamshessuuf caalmaatti umrii bittaa isaa dheereffachuuf magaalawwaan Oromiyaa naannaawaa Finfinneetti argaman Finfinnee jala galchuun to'achuuf aadaa, Afaan, duudhaa, safuu, fi Oromoo qe'ee fi qabeenyaa irraa ittin buqqisuuf tooftaa diinummaa haaraawa qabatee as ba'e.

Goototni Dargaggootni (Qeerroon) barattootni Oromoo dhaabbiilee barnoota olaano uummata keenya dabalatee haala waliigala armaan olitti eerame kana hubachuun Ebla 11/2014 irraa eegaluun FDG warraaqsa sochii karaa nagaa fi dimokiraasii mirga uummata keenyaa eegsisuuf jecha karaa nagaa gaaffii haqaa dhiyeeffanne.

Uummatni keenyas midhama qabaachuu isaa sagalee walfakkatuun gaaffiin dargaggoota keenya gaaffii keenya jechuun dargaggoota cina dhaabbachuun mirga isaaf falmachuun wareegama qaalii baasuutti seene. Mootummaan abbaa irree uummata gaaffii mirgaa karaa nagaa fi dimookiraasii gaafachaa jiruu fi meeshaa tokko of harka hin qabnetti waraana bobbaasuun yakka waraanaa uummata siivilii daa'ima umrii 7 hanga manguddoo umrii 80tti jiran utuu bira hin darbiin uummata Oromoo dhibbootan lakka'aman garaa laafina tokko malee guyyaa saafaa dhukaasee ajjeese. Deebiin isaa ajjeechaa, hidhaa, barnoota irraa dhorkamuu fi ariiyatama ta'e.

Haa ta'uu malee gochaan gara jabeenyaa fi suukkanneessaan kun utuu Uummata Oromoo irratti fudhatamaa jiruu uummatni Oromoo guyyaa tokko fedha isatiin abootii irreef bitamee bulee hin beeku.

Mootummaan faashistii wayyaanee humna waraanaa uummata irratti bobbaasuun dhukaasisee ajjeesisa kan ture , yakka uummata irratti dalagame jiru gara dabarsuuf jedhee maqaa ABO gurrachessuuf jedhee diraamaa, filmii sobaa uummata irratti qindeessuun ABO nama ajjeesa, ABO'n mana guba, ABO 'n shororkeessadha jechuun karaa ETV olola afaan faajjii butatee fiigaa jira.

Kanaafuu, nuti Dargaggootni Oromoo roorroo fi gabrummaan gaafa baase kun yoo yeroon hin buqqaane jireenya keenya , jireenya uummata keenyaa fi jireenya dhaloota duuba keenya jiruuf yaaddoo fi salphina guddaa waan ta'eef abbaa irree afaan qawweetti amanu kana aangoo irraa maqsuuf, wareegama barbaachisu kafaluun mirga uummata

keenyya kabachiisuuf waan murteeffanneef FDG bifa qindaa'en egaluun bifa ilmaan Oromoo hundi qooda irraa fudhachuu danda'aniin Warraaqasa FDG qabsiifne Oromoo hundaa hirmachisuun qabsoo bilisummaa Oromoo keessatti boqonnaa haaraan banamuu danda'era.

Kanaafuu haala yeroo irratti hundaa'uun hogganootni Qeerroo dargaggoota barattoota Oromoo walitti dhufuun ibsa armaan gadii uummata Oromoo hundaaf dabarsine !!.

1. Uummatni Oromoo bakka jiruu qabsoo FDG itti fufiinsaan akka gaggeessuu fi itti hirmaatu waamicha keenya dabarsina.
2. Qonnaan bulootni Oromoo gochaa mootummaa garboomsaa wayyaanee argaa utuu jirtaanii, buusii gibiraa akka hin kaffalle, qabeenya keessan, beeyilada, midhaan nyaataa fi dibata (Zayitaa) gabaa wayyaaneen hogganamuu irratti akka hin dhiyeesine, qabeenya gurgurachaa jirtaniifis qaraxa akka hin kaffalle, Walga'ii sadarkaa garaa garaatti wayyaaneen karaa ergamtoota jalee ishee OPDO teessiftuu akka hin hirmanne, deggarasa kamuu mootummaa kana irra akka dhaabdan waamicha keenya dabarsina.
3. Maqaa investmentii fi liizii jechuun saamicha lafaa fi Oromoo lafa irraa buqqisuun akka dhaabbatu Oromoo bakka jirtanii sagalee mormii akka dhageesisuu ni gaafanna.
4. Hojjetootni mootummaa Caasaa garaagaraa keessa jirtan hojii mootummaa garboomsaa Wayyaanee akka laaffistanii fi dhaabdan dhaamsa isiniif dabarsina. Keessattuu mootummaan wayyaanee muddama keessa seenuun hojjetootaf mindaan keessan dabaleera jedhee ololuun, mirga keessanii fi mirga uummata keessanii falmachuu irraa kan duubatti isin hin deebifne ta'uu hubachuu, mindaanis yoo isiniif dabalame horiidhan mirga ofii bituun ykn gurguruun waan hin danda'amneef, mindaan ogeessa waan taateef malee mirga kee sarbuuf akka hin taanee hubachuun, abbaa irree aangoo irra mulquuf hojii sirnichaan gaggeeffamu lamshessuu fi dhaabuun furmmata ta'uu ni hubachiifana.
5. Ademsii maqaa 'master planii Finfinnee' jedhu kan uummata Oromoo fi Oromiyaa miidhuuf as ba'ee kun guutummaati haqamuu qaba, ammas Oromoon adeemsa kana jabeessee dura dhaabbachuun qabsoo akka gaggeessu waamicha goona.
6. Daldalootni daldalaa keessan gabaatti baasuu dhiisuun, qaraxa/ taksii fi gibira mootummaa shororkeessaa Wayyaaneef kanfaluun dhaabuun diddaa sirna abbaa irreef qabdan akka mul'iftan waamicha isiniif dabarsinera.

7. Dargaggootni, hojii dhabdootni, barattootni gandaa fi aanaa keessa jiraattan keessatti wal qindeessuun gaaffii mirgaa fi dimookiraasii sadarkaa gandaa, maayibaasii, aanaa, Godina, fi Oromiyatti dhiyeeffachuun hiriira nagaa bakka hundatti wal qindeessuun akka gaggeesitanii fi FDG jabaatee Oromiyaa bakka hundatti akka itti fufuuf waamicha walirraa hin citne dabarsina.

8. Yakka dugugginsa Sanyii (genocide) uummata Oromoo irratti gaggeeffama jiruuf mootummaan EPRDF/TPLF/OPDO'n itti gaafatamuu qabu. Humnootni waraanaa wayyaanee ajjeecha gara laafina hin qabne uummata irratti gaggeessaa jiraniif seeratti dhiyaachuu qabu, gumaan isaanii kaffalamuu qaba jenna. Dabalees, ilmaan Oromoo badii tokko malee hidhaa jiran atattamaan akka gadi lakkifaman, kanneen barnoota irraa arii'ataman akka deebi'an ni gaafanna.

9. Qabsoo uummata keenya gara dabarsuuf filmii sobaa fi diraamaa kijibaa Wayyaaneen qopheessuun karaa foddaa ETV fi media of harkaa qabanii olola qabsoo Oromoo irratti oofamaa jiru ni balaaleffanna, wayyaaneen Shororkeesituu ta'uu ishee hojii ishee waliin addunyaa biyya lafaa kanaaf saaxiluuf ni hojjetna.

10. Ilmaan Oromoo Poolisii, hidhataa fi humna raayya ittisa biyya keessa jirtan dararama umurii garbummaa dheeressuuf uummata keessan irratti gaggeeffama jiru akka qoosatti utuu hin ilaaliin; bakka jirtanitti wal jabeessuun meeshaa waraanaa isin harka jiru garaa diinatti malee gara uummata keessanitti akka hin nanneesine dhaamsa isiniif dabarsina. Kana malees meeshaa hidhattanii jirtan akka hin hiikkatne dhaamsa waliif akka dabarsitan isiniif dhaamna. Haala kanaan hogganootni dargaggoota qeerroo barattoota Oromoo fi koreen qindeessituu

Injifannoon Uummata Oromoof!!
Gadaan Gadaa Bilisummaati!!
Koree Qindeessituu FDG .
Adoolessaa 29/2014